# سُورَةُ ٱلْقَارِعَةُ
# Suuraa qaariaadhaa

قبل كل شئ هذه هي سورة القارعة

*Dura dursoo suuran tun {suuratulqa-arikgaa} je'amti

وهى سورة مكية

*Isiin suura makkaati .

وآياتها أحد عشر

*Aayaanni isi'ii kudha tokko {11}

وعددها مائة وواحد

*Lakkooysi isi'ii dhibbaafii tokko

نزلت بعد سورة قريش

*Isiin, eega suuraa {queryshi'iitii} buute.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

ٱلْقَارِعَةُ ﴿١﴾

**1}***Guyyaan qiyaama`aa kan dhufaa taa`u sun,

مَا ٱلْقَارِعَةُ ﴿٢﴾

**2}***Maali inni?.

وَمَآ أَدْرَىٰكَ مَا ٱلْقَارِعَةُ ﴿٣﴾

**3}***Eenyutu waan guyyaan qiyaama`aa taye si beysise? {qaarikgaa} jechuun qiyaamaa jechu'uu ,makgnaan qaari'aa jechu`uu: tan balaan isi`ii qalbii nama dhooytee, nama laalessitu jechu`uu, duuba guyaan qiyaama`aa, kan cinqiin isa keessa dhuftu, qalbii nama dhooytu sun,

يَوْمَ يَكُونُ ٱلنَّاسُ كَٱلْفَرَاشِ ٱلْمَبْثُوثِ ﴿٤﴾

**4}***Guyyaa ,namni cinqii keessa akka bill-aacha faca`ee,wal keessa bararu kan yoo ibidda arge itti if dabru tayan ,takkaa akka awwaannisa wal keessa faca`ee bararutti wal keessa olii gad yaa`an,waytii waan dalaganirraa gaafatamu`uuf yamaman, eegu`uu jecha, sun eega qabri`ii kaafamaniiyii {mabthuuth} jechuun; fac-a'amaa jechu'.

وَتَكُونُ ٱلْجِبَالُ كَٱلْعِهْنِ ٱلْمَنفُوشِ ﴿٥﴾

**5}***Guyyaa gaarotiin hundi akka su ufa {sguufa} iddamee Taatee ,haffallattee cac-caphxee lafaan wal Qixxaatte duuba guyyaa qiyaama`aa san namuu dalagaan isaa , tan addunya`arratti dalage ni miizaanamti,khayri`iifii sharriin inni dalage xalayaa adda addarratti katabamteeti, shanacha miizaanaa lamaanirra adda addaan kaayamti, xalayaan khayrin inni dalage keessatti katabamteefii,tan sha-rriin inni dalage keessatti katabamte miizaanarra kaayamtee tan irra caaltu laa-lamti, takkaa xalayaa dalagaan keessatti katabamtee mitii, matuma dalagaa

kheyri`iitifii, tan sharri`iitu miizaanarra kaayama, dalagaa isaa gaari`iifii hamtuu tan irra heddu`uu laalu`uuf jecha, gaafas nama garii dalagaa isaa gari`iitu irra heddummaata, ammoo nama garii dalagaa isaa baddu`uutu irra heddommaata takkaa ulfaata..

فَأَمَّا مَن ثَقُلَتْ مَوَٰزِينُهُۥ ﴿٦﴾

**6}***Duuba namni gaafas miizaanni isaa ulfaate kheyrin inni dalage sharrii inni dalagerra caaltee.

فَهُوَ فِى عِيشَةٍ رَّاضِيَةٍ ﴿٧﴾

**7}***Inni naxaa bayee, takkaa nagaya , bayee ,inni,warra jannataatii, jiruu gaarii isa gammachiiftu keessa jiraata , sun jiruu jannataa ,tan waan fedhe hunda isii keessatti argatuu.

وَأَمَّا مَنْ خَفَّتْ مَوَٰزِينُهُۥ ﴿٨﴾

**8}***Ammoo namni miizaanni dalagaa isaa haffallate sharriin inni dalage ,kheyrii inni dalagerraa caaltee.

فَأُمُّهُۥ هَاوِيَةٌ ﴿٩﴾

**9}***Haati isaa, takkaa manni isaa kan inni aakhira`atti keessa qubatu'uu taa'u {haawiyah} je'ama.

وَمَآ أَدْرَىٰكَ مَا هِيَهْ ﴿١٠﴾

**10}***Waan {haawiyaan} taate, maaltu si beysise? yoo tanaan dura beekhuu baatte nuutu si beysisaa, {haawiyaa} jechuun.

نَارٌ حَامِيَةٌۢ ﴿١١﴾

**11}***Ibidda boolla akkaan gad , fago`oo takkaa qileedhaa, keessatti bobeeffame jiru wanni, mu'minarratti, jiru akka,guyyaa, boruu miizaanni isaa ulfaatu ,akkaan waan gaarii dalagatuu takkaa hojjatu`,salaatan,soomanaan,zikri`iin sadaqaan ,waan gosa dalagaa gaari`ii taye hundaan haa xiqqaattuu haa guddatuu dukkaana dalagaa isaa guuttatu`, dukkaanni yoo gosa meeshaa gurguraa hunda keessa kaayan irraa quufan, dalagaan aakhira`aatis akkasii namni waan gaarii hundarraa waa dalage, boru irraa quufa miizaanni isaa ulfaatee {hancufti ida`a galaanati je`anii}.

Waan miizaana akkaan namaa,ulfeysurraa tokko {shahaadaadha} namni garaa qulqullu`uun: {laa ilaaha illallaah} je`e, ma`naan isaa: Rabbii guddaa **tokkicha** malee Rabbiin biraa, waan argame keessa hin jiru jechu`uu, kan nabi Muhammad dhugo`oomsee jiru nama kana, akka miizaanni isaa ulfaatu , shakkiin hin jiru,ammas waan miizaana ulfeessurraa tokko {subhgaanallaahi ,wa ,bihgamdihii ,subhgaanallaahil kgazgiim} nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu akki je`an; jechi lamaan dabarsine sun jecha arrabarratti haffalli`ii kan miizaanarratti guyyaa boruu ulfaatu je'an.